# سُورَةُ عَبَسَ
# Suuraa Kgabasaa

قبل كل شيء هذه سورة عبس
*dura dusoo suuran , tun suuratu { Kgabasa } je`amti

وهي سورة مكية
*Isiin Suuraa Makkaati.

واياتها اثنان وأربعون {٤٢}
*Aayaanni si'ii afurtamii lama {42}

وعددها ثمانون {٨٠}
*Lakkooysi isi'ii Saddeettama.

نزلت بعد سورة النجم
*Isiin,eega suuratunnajmi buutee .□

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ
*Jalqabani, maqaa , Rabbii rahgmata qabuutii aayaanni tun wanni buutef kuffaara makkaatu,ma tootin isaanii, Nabi Muhammaditti dhuftee isaanin wajji haasawatti seene qalbii isaanitti gara galchee ,islaamayuu isaanii khajeella`uuf.duuba nabi Muhammed, jara matootii kuffaaraa saniin wajji akkasitti haasawatti jiru, namichi islaamaa tokko, kan ijaan waan agarre,kan abdullaahi ibnu ummi maktuum je'amu dhufee,waan Nabi Muhammad itti jiru hin arguu yaa ergamaa Rabbii mee waan Rabbi si barsiiserraa , waa na barsiisi je`ee itti lallabe ammoo nabi Muhammad dubbii ,jara san wajjiin itti jiru , kutuun isatti ulfaattee, fuula buutee qaalicha waan garri san , hin dubbifnee , irraa gara galee matootii kuffaaraa san haasoysiisuu itti fufe . haa islaamayani`iif. hoggaa san Rabbiin, maa akkana dalayda je`ee Nabi Muhammad anaannate zigaale yookaa komate. wanni asitti Rabbiin dubbate kun akka qur`aanni waan Rabbiin buuse , kan Nabi Muhammad waa takka ittin ida`in, irraayis hin ir`isin taye , nuu addeysa. maalif ? silaa dubbii akkanaa tana irraa dhiisaa. duuba Rabbiin dubbii sanirraa nuu dubbatee , akki je`e .

عَبَسَ وَتَوَلَّىٰٓ ١
**1}***Ergamaan kiyya Muhammad fuula buteeti gara gale.

أَن جَآءَهُ ٱلۡأَعۡمَىٰ ٢
**2}***Ballichi yookaa jaamichi tokko dhufee isa dubbifnaan ,waan orma kuffaaraa islaameysu`uuf, jaatani`itti jiruuf jecha.

وَمَا يُدۡرِيكَ لَعَلَّهُۥ يَزَّكَّىٰٓ ٣
**3}***Rabbiin ,Nabi Muhammadiin akki je`e : maaltu si beysise ? namichi ballaan sun, yoo nama ,waan sirraa dhagayuun kan dili`irraa qulqullaayu taye maaltu si beysise.

أَوْ يَذَّكَّرُ

*Takkaa,kan waan sirraa dhagayuun gorfamu taye?

فَتَنفَعَهُ ٱلذِّكْرَىٰٓ ٤

**4}***Kan gorsa kee qabatee, saniin Fayyadamu taye ? maalitti beytaa irraa gara galta?.

أَمَّا مَنِ ٱسْتَغْنَىٰ ٥

**5}***Ammoo nama dureessa , matoota kuffaaraa.

فَأَنتَ لَهُۥ تَصَدَّىٰ ٦

**6}***Haa amanani'iif hidhattee, itti gara galtee, wajji haasoytaa ?.

وَمَا عَلَيْكَ أَلَّا يَزَّكَّىٰ ٧

**7}***Amanuu dhabuun direessa sanii siran jirtuu irraan gaafatamtu. namni Rabbiin fedhe ni amanaa kuun hin amanuu maalif jala rarraata?.

وَأَمَّا مَن جَآءَكَ يَسْعَىٰ ٨

**8}***Ammoo nama diinaa baratu'uu deema'aa sitti dhufe .

وَهُوَ يَخْشَىٰ ٩

**9}***Isaa Rabbii isaa sodaatu ,kan yaada kee qabu .

فَأَنتَ عَنْهُ تَلَهَّىٰ ١٠

**10}***Ati,isarraa waan biratti gara galtaa ? isa ballicha dhiifteti matoota dubbiftaa?

كَلَّآ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad akkas hin dalaga nama gurgudda'an diin barsiisa, isaatu islaama fayyada jettee nama xiqqaan dagatin xiqqa`aa guddaa dhala`aa dhiira , hiyyeessaa dureessa , mooti`ii mooyamaa hunda walitti qabii ,diinaa islaamaa barsiisi .eegasii kan amanuu dhabe ,ati irraan gaafatamtu ,ati waajiba kee geessiftee dirqama keetin dhaabbattee .

إِنَّهَا

*Aayanni sun , takkaa wanni siin jenne sun .

تَذْكِرَةٌ ١١

**11}***Gorsa yookaa yaadachiisa.

فَمَن شَآءَ ذَكَرَهُۥ ١٢

**12}***Namni fedhe , qabateeti ,garfamaani , takkaa hogaa hunda yaadata .

فِى صُحُفٍ

*Aayanni sun,waan mushafa yookaa kitaaba keessa jiru .

مُّكَرَّمَةٍ ١٣

**13}***Tan Rabbi biratti karaamaa qabdu .

مَّرْفُوعَةٍ

*Tan darajaan isi`ii ol taate

**14}***Tan sheyxaanni isii tuqu`urraa qulqu-llooyte مُّطَهَّرَةِۭ ﴿١٤﴾

**15}***Tan ,malaaykaa lawhalmahfuuzirraa ,katabdu harka jirtu. بِأَيۡدِي سَفَرَةٖ ﴿١٥﴾

*Warra gaggaarii karaamaa qabu . كِرَامِۭ

**16}***warra ,waan Rabbiin je`u dhagayu isa-antu qur`aana kana harkaa qaba duuba aay-ata qur`aanaa kan akkatti darajaa qabu kana, nama Rabbiin kheyrii isaan fe-dheetu baratee itti dalagaa nama baratu`uu sitti dhufe,dhiiftee kaanitti hin rar-ra`in , sun nama kheyrii Rabbiin isaan hin fedhinii . بَرَرَةٖ ﴿١٦﴾

*Balaan nama Rabbitti kafaretti buutee , du`ee, takkaa balaan isatti haa buutuu. قُتِلَ ٱلۡإِنسَٰنُ
**17}***Maaltu kufri`itti isa kaase maaltu kufrii isaa heddommeyse ? humna tamiin akkatti Rabbitti kafara مَآ أَكۡفَرَهُۥ ﴿١٧﴾

**18}***Mee maalirraa Rabbiin isa uume? mee Maalirraa jalqabameeti , maalitti booda aan-u`uu taa`a ?. مِنۡ أَيِّ شَيۡءٍ خَلَقَهُۥ ﴿١٨﴾

**19}***Bishaan dhiirarraa bayuufii, kan dhal-a`arraa bayurraa, Rabbiin uumaa isaa jalq-abe, kan eegasii dhiiga ititaa godhee, eegasii foon lafee godhee guutee nama godhee , garaa haadha isaa keessa isa jiraachisee. مِن نُّطۡفَةٍ خَلَقَهُۥ فَقَدَّرَهُۥ ﴿١٩﴾ ثُمَّ

**20}***Ammoo eegasii ,karaa garaa ha adhatii bayuun Isaa laaffisee gadaamessi duraan itti hidhame,irra furamee ,hulaan duraa banamtee garaa haadhatii bayee addunya-a`arratti karaa jiru`uu isaa laaffise. ٱلسَّبِيلَ يَسَّرَهُۥ ﴿٢٠﴾

**21}***Eegasii Rabbiin nama addunyaa tana-rra hanga jiraachise jiraachisee ,ajjeesee, qa-brii seensisee achitti dhoysee., ثُمَّ أَمَاتَهُۥ فَأَقۡبَرَهُۥ ﴿٢١﴾

**22}***Ammoo eegasii , guyyaa fedhe hoggaa qiyaaman dhaabbatte, qabriidhaa isa kaasa, waan inni addunya'arratti dalagerraa isa ga-afatu'uu jecha yoo tole jannata seensisee, yoo bade azaaba seensisee . ثُمَّ إِذَا شَآءَ أَنشَرَهُۥ ﴿٢٢﴾

| | |
|---|---|
| كَلَّا | *Dhugaa dubbannaa . |
| لَمَّا يَقۡضِ مَآ أَمَرَهُۥ ﴿٢٣﴾ | **23}***Ilmi namaa,waan Rabbiin akkasitti isa uume ,itti ajaje, hanga ammaa hin dalayne .galata isaa hin galchine. |
| فَلۡيَنظُرِ ٱلۡإِنسَٰنُ | *Mee ilmi namaa, eega akka itti Rabbiin isa uume beekhee,waan Rabbiin isaaf jecha uume ,haa laaluu |
| إِلَىٰ طَعَامِهِۦٓ ﴿٢٤﴾ | **24}***Waan inni nyaatu,mee haa laaluu , akkamitti Rabbiin isaaf qopheyse ? Rabbiin akki je`e. |
| أَنَّا صَبَبۡنَا ٱلۡمَآءَ صَبّٗا ﴿٢٥﴾ | **25}***Akkaatan , nyaata namaaf itti qopheysine.firii lafa keessa jirtu bishaan itti gad dhangalaafneti. |
| ثُمَّ شَقَقۡنَا ٱلۡأَرۡضَ شَقّٗا ﴿٢٦﴾ | **26}***Waan lafaa mayruun , dachii baqaysinee |
| فَأَنۢبَتۡنَا فِيهَا حَبّٗا ﴿٢٧﴾ | **27}***Midhaan akka garbu`uufaa magarsine. |
| وَعِنَبٗا وَقَضۡبٗا ﴿٢٨﴾ | **28}***ammallee inabaafii waan jiidhan nyaadhamu ,kan akka dubba`aa raafu`uu , yookaa okhayaa magarsine. |
| وَزَيۡتُونٗا وَنَخۡلٗا ﴿٢٩﴾ | **29}***Ammas zeytuunafii , timirallee. |
| وَحَدَآئِقَ غُلۡبٗا ﴿٣٠﴾ | **30}***Ammallee masnoo muka heddommaattu. |
| وَفَٰكِهَةٗ وَأَبّٗا ﴿٣١﴾ | **31}***Ammas waan asheenni isaa nyaadhamuufii,Waan horiin nyaatu, takkaa dheedu mukaafii citaa lafarraa magarsine.kun hundinuu waan rooba roobsinee baafne , yookaa magarsine. |
| مَّتَٰعٗا لَّكُمۡ وَلِأَنۡعَٰمِكُمۡ ﴿٣٢﴾ | **32}***Isiniifii ,horii keessan nyaachisu'uuf jecha ,hanga addunyaa tanarra jirtan, akka waan saniin qananiitani'iif. |
| فَإِذَا جَآءَتِ ٱلصَّآخَّةُ ﴿٣٣﴾ | **33}***Duuba hogga garriin lammadaa afuufamtee, qiyaaman dhaabbatte ,{ sgaakhah } jechuun garrii lammada afuufamtu . |

**34}***Guyyaa,namni ,yookaa, obboleessi, obboleessarraa dheysu.

يَوْمَ يَفِرُّ ٱلْمَرْءُ مِنْ أَخِيهِ ﴿٣٤﴾

**35}***Kan ilmi haadhaa abbaadharraa dheysu .

وَأُمِّهِۦ وَأَبِيهِ ﴿٣٥﴾

*Guyyaa jaarsi jaartii isarraa dheysu,

وَصَٰحِبَتِهِۦ

**36}***Guyyaa abbaan ilmaan isarraa dheysu ,gaafas namni tokko kan nama kaanin ,maalitti jirta, je`u hin jiru , maalif ?.

وَبَنِيهِ ﴿٣٦﴾

*Nammuufuu guyyaa qiyaama`aa san,

لِكُلِّ ٱمْرِئٍ مِّنْهُمْ يَوْمَئِذٍ

**37}***waan nabsee isaa malee nama biraa yaadatuu dhoowwutu jiraa yaa Rabbi na baasi malee ,yookaa akkamin tayaa malee nama biraatif hin yaaddawu .

شَأْنٌ يُغْنِيهِ ﴿٣٧﴾

*Gaafas fuulli garii isaanii ,

وُجُوهٌ يَوْمَئِذٍ

**38}***Ni ifa .

مُّسْفِرَةٌ ﴿٣٨﴾

*Khoflee .

ضَاحِكَةٌ

**39}***Gammadee , warri akkatti fuulli isaanii ifee, kuflee,gammadu sun, warra rabbitti amane ,

مُّسْتَبْشِرَةٌ ﴿٣٩﴾

*Ammoo fuula garii isaanii , guyyaa qiyaama'aa,

وَوُجُوهٌ يَوْمَئِذٍ

**40}***Dhukke'eetu irra jira

عَلَيْهَا غَبَرَةٌ ﴿٤٠﴾

*Ni daboolti , ni hagooydi ,

تَرْهَقُهَا

**41}***Dukkanti. ni dottaata , ni gurraachoma.

قَتَرَةٌ ﴿٤١﴾

*Warri guyyaa qiyaama'aa fuulli isaanii akkasitti dukkanaayu sun .

أُو۟لَٰٓئِكَ

*Isaan warra Rabbii isaanitti kafare , takkaa morome,

هُمُ ٱلْكَفَرَةُ

**42}***Isaan dilii malee waan biraa hin dalagan.

ٱلْفَجَرَةُ ﴿٤٢﴾